Dambii Lakk. 176 /2008

**Dambii Akkaadaamii Hooggansaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lakk. 170/2007 Fooyyessuuf Bahe**

Dambii Akkaadaamii Hooggansaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lakk. 170/2007 fooyyessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lakk. 163/2003 keewwata 65 (1) tiin dambiin kanatti aanu bahee jira.

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Dambiin kun **"Dambii Akkaadaamii Hooggansaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lakk. 170/2007 Fooyyessuuf Bahe Lakk. 176 /2008"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Fooyya'iinsa**

   Dambiin Lakk. 170/2007 keewwatni 5 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira.

   **5"** Teessoon Waajjira Ol'aanaa Akkaadaamichaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa ta'ee akka barbaachisummaa isaatti damee qabaachuu ni danda'a.

3. **Guyyaa Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

   Dambiin kun Onkoloolessa 19 **Bara 2008** irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Muktaar Kadir

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Finfinnee

Onkoloolessa 19 **Bara** 2008